

GOOTA BADDAA SAYYOO OLIIQAA DINGIL



Oliqaa Dingil lammii Oromoo yoo ta’u, ummata Oromoo naannawa Qeellem Wallaggaa keessa jiraatu jidduudhaa kanneen hidda ja’an Sayyoo warra Laaloorraa dhalate. Qorannoon seenaa hangaa har'aatiin maqaa hadhaasaa beekuun danda'amu baatus maqaansaa guutuun Oliqaa Dingil Bookaa jedhama.

Bakki dhaloota gooticha Oliqaa, Qeellem Wallaggaa keessa Yamaaloogii Walal, Ganda Gurraattii Walal, bakka Deentaa Garee jedhamu. Barri dhalootasaa sirriitti qoratamee beekamuu baatus namoota bara sana beeku jedhamanirraa akka himametti, tilmaamaan bara 1890 ta’uu akka hin oole dubbatama. Oliqaa Dingil mana barumsaa qeesotaa /lubootaa/ galee akka barate seenaansaa ni mirkaneessa. Erga guddatee umriinsaa hojiif ga'ee booda bara bulchiinsa Hayilasillaasee mootummaadhaan mindeeffamee hojjetaa ture. Ga'een hojii goota kanaas gabaarra naanna’ee ashuura mootummaa walitti qabu ture. Gabaa hedduu inni irra naanna’aa ture keessaa gabaan Ashii, Muggii,

Shabal, Qaaqeefaan ni eeramu. Bakki jireenyaasaa magaalaa Dambii Doolloo, Ganda 03 keessa akka ture odeeffannoon jiru ni ibsa. Oliiqaan, dubartii maqaanshee Gannatawarqi Ashanaa jedhamtu Gidaamiidhaa fuudhee jiraachaa ture. Walumaagalatti Oliiqaan lammii nagaa namaa fi biyyaaf yaaduu fi quuqamu yoo ta'u amalasaa kanaan ummata Oromoo biratti hedduu jaalatama ture.

Caamsaa 23, bara 1929 wayita koloneeffattoonni Xaaliyaanii Itoophiyaa humnaan weeraranii qabatanitti waggaa tokko booda dhiibbaa koloneeffattoonni kun ummatarraan gahaniin mormee bosona seene. Gocha Xaaliyaanonni fi sirni gita bittaa Nafxanyootaa ummata biyyattii keessa jiraatan irratti keessumaa Oromoorratti raawwachaa turanirraa kan ka'e haalli jireenyaa, aadaa fi safuun ummatootaa baduu jalqabe. Wayita sana Xaaliyaanonni lammiilee Itoophiyaa tokko tokko ofitti madaqsuudhaan maqaa "Baandaa" jedhamu itti moggaasuun duuka buutuusaanii taasifachaa turaniiru. Xaaliyaanonni baandota kanneenirraa odeeffannoowwan gara garaa argataa, akka turjumaanaattis itti gargaaramaa turaniiru. Gochi baandotaafi Xaaliyaanotaa kun Oliiqa qofa osoo hinta'iin namoota saba isaanii jaalatan hunda kan aarsu ture. Gochi suukanneessaan ummatarratti raawwatamu yeroodhaa gara yerootti babal'achaa dhufuusaarrayyuu roorroon haadha warraa Oliiqa Dingil, Aadde Gannatawarqi /Moominaa/ Ashanaarra ga'eera jedhamu aarii Oliiqaan duraanuu qabu akka dabaluu taasise. Kana malees gaaf tokko baandaa Xaaliyaanii kan ture namichi Baashaa Gabayyoo Waldee fi Oliiqaan otuu Amaariffaan haasa'anii Baashaa Gabayyoon Oliiqa Dingil akka tuffiitti jecha Oromoon jedhamuu hin feeneen arrabsa. Guyyaa biraammoo Baashaa Gabayyoon namicha Dhaabaa Maashaa jedhamu wajjin waliigaluudhaan Oliiqaan qarshii ashuuraa walitti qabe dhimma dhuunfaa irra oolfateera jechuun odeessisiisuurra darbee hoogganaa Xaaliyaanii yeroo sanaatti hima. Oliiqaan qawwee dhokfatee qaba jedhees yakke. Odeeffannoo kanarratti hundaa'uun Xaaliyaanonni Oliiqa qabanii mana hidhaa galchan. Oliiqaan halkanuma sana mana hidhaa cabsee ba'uudhaan, bakka dhalootasaa Deentaa Garee dhaquudhaan qawwee Beeljigii 2fa jedhamu bitatee Dambii Doollootti deebi'e.

Halkan gaaf tokkoo Baashaa Gabayyoo ajjeesee, gara mana Baashaa Gabayyoos dhaqee haadha warraa Baashaa alatti baasuun, "Ati dhirsaa kee dhabda, ani immoo haadha warraa koon dhabe" jechuun du'a abbaa warraashee itti himee manicha qabeenya keessa jiru waliin gube. Itti aansee, namicha Dhaabaa Maashaa jedhamummoo Gabaa Dafinoo /Dambii Doolloo/ keessatti ajjeesee, "Anatu ajjeesee nama bira hin gaafatiinaa" jedhee barreessee mukatti maxxanse. Intalasaa fi haadha warraasaa Ganduma 03 keessatti dhiisee deeme.

Kana booda Oliiqaan nama durumaa qabee isa bira jiraatu, kan maqaansaa Shaanqoo jedhamu, qawwee namoonni dirqiidhaan Xaaliyaaniif galchuuf deeman irraa booji'ee Shaanqoo hidhachiise. Kanaanis Xaaliyaaniifi

baandaarratti tarkaanfii fudhachuu eegalan. Sababoota Oliiqaa 'shiftummaaf' kakaasan keessaa tokko tokko eeruuf.

- Namni Tafarii Alabee Goonboo jedhamu Haroo Machaaraarratti fannifamuun, Qanyaazmaach Dhoosaa Abbaa Qoroo qawwee dhoksite jechuun harkasaanii duubatti hidhanii Buraayyuu bakka, “Bakkee Abbaa Boroo” jedhamutti rasaasa torbaan ajjeefamuusaaniifaa eeruun ni danda'ama.
- Guyyuma Luba Maammoo Corqaa fi Luba Gidaadaa Soolan Hayilasillaasee wajjin quunnamtii qabdu jechuun harkasaanii lachan duubatti hidhanii Jimmaa Abbaa Jifaar geeffamanii murtoon du’aa itti murta’ee utuu har’a boru duuna jedhanii eegaa jiranii haala hin yaadamneen bilisa ba’anii gara naannawa jirenyaasaaniitti deebi’aniiru.

Oliqaan erga Gabayyoo ajjeesee deemee booda gaaf tokko halkan keessaa sa’aatii shanitti haala haati warraasaa irra jirtu ilaalee deebi’uuf wayita gara manasaatti qajeelu isheen teessee jirbii fo’aa:

“Oliiqaa yaa abbaa jigsaa ati duute moo jirtaa?

Utuu ati jiraattee hantuunni maa warraaqxee?

Yaa abbaa coomaafi booka kootii amaaseniin maal na gooti?”

jettee isa faarsituu dhokatee dhaggeeffate. Halkan sana dhokatee ishee ajjeesee deebi’uuf yaadeeti kan dhufe. Garuu wayita faaruu haadha warraasaa dhaga’u cancala qawweesaa dhaamsee halkan sana manasaa bulee ganama bariidhaan bakka dhufetti deebi’e. Yeroo yerootti uffata waraana Xaaliyaanii uffatee Dambii Dolloo seenuudhaan mana Aadde Moominaafi Aadde Daasharee Akkayyuutii daadhii dhugee, odeeffannoo barbaachisus walitti qabatee deebi’aa ture.

Namoota isa fakkaatan waliinis dhoksaatti ni mariyata ture.

Deggartoota Oliiqaa gocha weerartoonnii fi jala kaattuun warrasaaniirratti raawwatan namoota hedduu aarsee tureera. Haala kanatti aaree kan garaa kutate Oliiqaa duukaa shaffata, warri kuun immoo, naannoodhuma jiran taa’anii deggaraa turan. Daggarsi kennamaa tures, odeeffannoo kennuu, galaa qopheessanii nyaachisuu, meeshaa waraanaa kaa’uufi erguu dabalata.

Namoonni adda addaa yeroo waraanni Oliiqaa naannawa tokko galu nyaataa fi dhugaatii dhiyeessuudhaan halkanii guyyaa wajjin dhama’aa turan. Loltoonni Oliiqaa [Xaaliyaanii](#) dhamaasaniifi baandaa bakka garagaraatti oliifi gadi joonjessaa fi ajjeesaa turan.

Bakkii da’annoosaanii haala yeroon jijjiirama ture. Lafti akka holqa Qacii, Aggataa, Macaqeddoo, Ondoloqqee, Doggaa, Walal, Cabal, Qilxuu Kaarraa fi Ulaa Biyyaa’oo bakka itti da’atan akka ture dubbatama.

Lola koloneeffattoota wajjin godhame guyyaafi haalli lola Oliiqaadhaan geggeeffame barreeffamaan yoo jiraachuu baateyyuu seenaa afaaniin darberraa hubachuun akka danda’amutti qabsoo ittisa koloneeffataa keessatti Oliiqaa Dingil gumaacha olaanaa akka godhe beekama. Tooftaa mataasaatiin

geggeeffamee injifannoowwan gurguddoo galmeessaa tureera. Fakkeenyaaf yeroo Xaaliyaanonniifi baandaan Olliqaan Awusa jira jedhanii achi dhaqan jalaa mimmiliquun jara joonjessaa tureera. Injifannoowwan guguddoo waraana Olliqaatiin argaman keessaa Aanaa Yamaaloogii Walal keessatti bakki Fiinchoofi Dubbisi jedhamu gidduu lola Xaaliyaaniifi Olliqaan wajjin gaggeeffameen Xaaliyaanonni 30 ta'an du'aniiru. Dirreen injifannoo inni seena qabeessa jedhamee himamu immoo, lola Wallaggaa, Aanaa Tajjootti gaggeeffame yoo ta'u, lola kanarratti baandonni 750 ta'anii Olliqaatti duulan. Lola hamaa, tooftaa fi kutannoo guddaa gaafate kanarratti Xaaliyaaniifi baandonni waraana Olliqaatiin yommuu dhuman, loltuun Xaaliyaanii maqaansaa Tinintii Biichee jedhamuufi baandonni sadii duwwaan baqatanii deebi'anii akka galaniidha kan ibsamu.

Namoota Xaaliyaanii wajjin waliigalanii Olliqaa fi waraanasaa booji'uuf ykn ajjeesuuf yaalaa turanirratti Olliqaan dursee tarkaanfii fudhataa ture. Akka fakkeenyaatti namichi maqaansaa Waacilaa Waloo jedhamu miseensa waraana Olliqaa kan ta'e Dhaabaa Bocoloo ajjeefnaan Olliqaan battaluma sanatti Waacilaa Waloo, Anfillootti ajjeesee gumaa Dhaabaa Bocoloo baaseera. Itti dabalees, Aanaa Tijjootti namichi maqaansaa Fullaasaa Baabil jedhamu, "Olliqaa ajjeeseen mataasaa muree fida" jedhee Xaaliyaaniif waadaa galee qawwee minishirii shan fudhatees deeme. Otoo hin turin dhimmi kun Olliqaaa bira ga'e, Olliqaan mana Fullaasaa Baabil dhaqee ajjeesuudhaan qawwee shananuu harkaa fudhatee humna waraanasaa ittiin cimsate. Haaluma kanaan lola hedduurratti lubbuun diinaafi deggartootasaanii lakkoofsaan kaa'uun nama rakkisu dhabameera.

Walumaagalatti qabsoon Olliqaan ummata Oromootiin deggaramee gaggeesse, ummatichi akkasuma lammiifi saba kaanii goota cimaa akka qabu kan mirkaneessuu dha. Du'a Olliqaa Dingil qabsoo ittisa koloneeffataa Olliqaa Dingil gaggeessaa ture jala deemtonni diinaa hin deggaran ture. Olliqaan yommuu bosonaa dhufu Magaalaa Dambi Dolloo keessa mana meeshaasaa keewwatu qaba ture. Yeroo inni dhufee kaa'u halkan keessaa sa'aatii shanii hanga 10 gidduu ture. Yeroo bosonatti deebi'ummoo rasaasaafi meeshaalee isa barbaachisan fudhateeti.

Namichii Olliqaan waliin hojjetu, warra Xaaliyaanii wajjin qunnamtii dhoksaa qaba ture. Namichi akka warri Xaaliyaanii hin shakkineef halkan halkan manasaa biratti qawwee dhukaasaa bula. Ganama ka'ee, eda mana eebaluu biratti qawween dhuka'aa bule yeroo jedhan Xaaliyaanonni dhaqanii qalahaa hammaarratanii akka galaniidha seenaan kan eeeru. Tooftaa kanaan Olliqaafi namichi kun waliin deemaa erga turanii booda, qarshiin Olliqaa namicha kanarratti heddummaataa waan dhufeeff gaafa tokko Olliqaan qarshiisaa akka deebisuuf gaafatee, namichi didnaan Olliqaan arrabse. Arrabsoon Olliqaa Dingil onnee namicha kanaa waan madeesseef namoota Olliqaa Dingil qunnaman qarshiidhaan kadhachuu jalqabe.

Haaluma kanaan Olliqaan holqa Qacii keessa otuu jiraatuu namichi isa irratti haaloo kuufate sun, dubartii imaanaa Olliqaa turte /haadha warraa Baaburii Wagee/ uffata babbareedaa, bituufiidhaan, qarshiis harkatti kennuufiidhaan,

akkasheen Oliiqaa hordoftee qoricha obaaftuuf summiin itti kenname. Haaluma kanaan osoo jiranii gaaf tokko Oliiqaa heexoon mul'anaan dubartiin imaanasaa turte sun qoricha daaktee summii itti kenname itti dabaltee Oliiqaan akka dhuguuf kenniteef.

Oliiqaan eddii summicha dhugee booda qaamnisaa dadhabaa adeeme. Guyyaa yeroon inni waa nyaatu geenyaan ammas lammaffaa nyaata summii qabu dabalteef. Dhugaatii maastikaa jedhamu kan summiin makame akka inni dhuguufis affeerte. Kana booda Oliiqaan laafaa deeme. Namoonni isa duukaa turanis waan godhan wallaalan. Guyyaa guutuu dhukkubsataa oolee, Roobii halkan sa'aatii 9:00 irratti bakka Oddoo Butaa jedhamutti du'e.

Namichi tooftaan nyaataa fi summii dhiyeessuudhaan nafxanyicha wajjin waliigaltee qabaachaa tureefi namni maqaansaa Wadaajoo jedhamu, gaafa Oliiqaan du'usaa hubatu qawwee dhukaasee funyaansaa madeessuun, anatu ajjeese jedhee muudamuuf jecha Xaaliyaanotatti gabaase. Gaafa du'a Oliiqaa dhaga'u ummanni naannawa sanaa ba'ee hiyyee boo'e. Hogganoonni koloneeffataas Dambii Dolloorraa yeroo dhufan "Oliiqaa miti, kan du'e nama kan biraa ta'a" jedhanii shakkanii turan. Sababiin shakkii saaniis Oliiqaa qabachuu fi ajjeesuuf yeroo dheeraaf yaalii godhaniin waan hin milkoofneefi. Kana booda muudamaan Xaaliyaanii kan Gavarnoo Dhaayee jedhamu reeffa Oliiqaa yommuu argu "ajjeesuu balleessitan, nama akkasii hin ajjeesan, muudanii hoogganaa waraanaa godhatu" jechuun Wadaajootti dheekkame. Erga reeffasaa gara magaalaa Dambii Dolloo geessanii booda haadha warraa Oliiqaa waamanii isa ta'uufi dhiisuusaa adda akka baaftu gaafatan. Isheenis mallattoo duraan miilasaarra ture ilaaltee isa ta'uu mirkaneessiteef. Sana booda Xaaliyaanonni reeffasaa suura kaasanii karaa laga Borxaa buusanii naannawa dur Biheeraawwii Xoor jedhamutti awwaalan. Wadaajoo isa Oliiqaa natu ajjeese jedhu Jimmaa geeffamee otuu achi jiruu guyyaa tokko mana daadhii taa'ee otuu dhaadatu durbiin Oliiqaa achumatti ajjeese. Erga Oliiqaan du'ee weediftoonni akkana jedhanii isa faarsaa turan:

Facaasaa heexoo dhuguun

Oddoo Butaarra buluun

Michuu dubartii buluun

Xixxiixaa Dingil Bookaa

Oliiqaa galaafate.

Qawween Oliiqaa ajjeesee

Maqaansaa Wacafoodha

Baga kaartaa hin nyaatini

Namni Oliiqaa ajjeese

Maqaansaa Wadaajoodha

Baga taa'ee hin nyaatini

Madda:IBSA BARRUU DABALI

QAWWISA CHANNEL

**Onk 6415 O.C/2021
G.C,OROMIA**